

**ITTISA MIDHAA-SAALAA FI AKKAATAA HIMANNAA  
(PROHIBITION AGAINST SEXUAL HARASSMENT  
AND COMPLAINT PROCEDURE)**

Manneen Barnoota Ummata Siyaatil (Seattle Public Schools) haala hojii fi barnootaa gaarii fi bu'a-qabeessa, akkasumas midhaa-saalaarra bilisa taheef kutataadha. Anaan barnoota kun midhaa-saalaar barattoota, hojjetoota fi kanneen sagantaa ykn gocha barnoota keessatti hirmaatan hunda nidhorka, fakkenyaaf moora mana barnoota kessatti, konkoolaata mana barnootaarratti, ykn hojiwwan barnoota maneeneen barnoota alatti adeemsifaman.

**Midhaan-saalaam amala fudhatama hinqabanne ykn dubbii saalaati; kunis kan ta'u:**

Barataan ykn hojjetaan tokko waan tokko akka argatu/ttu, fakkenyaaf qabxii, guddina hojii, hirmaannaa garee isportii, ykn murtii dhimma barnootaa ykn hojii, gocha ykn dubbii saalaam fudhatama hinqabne akka godhu/tu yoo gaafatame/gaafatamte; ykn

- Gochi ykn dubbichi hojii barnoota barataarratti dhiibbaa cima fida, ykn bakka barnootaa ykn hojii hojjettootaa sodaachisaa taasisa.

**Fakkeenyota Midhaa-Saalaam:**

- Waan ykn gocha saalaaf nama dhiibuu
- Bifa wal-qunnamtii saalaan haala fudhatama-hinqabneen nama xuquu
- Barreffama qabiyye saalaam qabu daree ykn mana-finchaanii keessatti barressuu
- Barreffama, e-meelii, ykn fakkii qabiyyee saalaam qabu tamasaasuu
- Baacoo waa'ee saalaam baacuu, hamii waa'ee saalaam odeessuu, ykn fedhii ykn yaada waan saalaam agarsiisuu
- Walqunaamtii saalaam humnaan gochuuf yaaluu, gudeeduu, ykn qaama nama dhaanuu

**Akkaataa gabaasa midhaa-saalaam?**

Anaa barnootaa ykn bakka hojii keessatti namni tokko yakki-saalaam irratti raawwatamuusaa yoo beekete ykn amante, himannaan barreffamaa galfachuuf mirga qabda. Anaa barnootaa keessatti akkaataa midhaan-saalaam itti himatamu gutuusaa argachuuf, Waajjiraa Mirga Uumaa Barattootaaf (Office of Student Civil Rights) emeeli gara [OSCR@seattleschools.org](mailto:OSCR@seattleschools.org) ergi, ykn

<https://www.seattleschools.org/cms/One.aspx?portalId=627&pageId=1300431>

Ilaali.

Himannaan otoo hingalfatiin dura, gaaffileekee ilaachise dura-bu'a mana barnootaa, hogganaa bakka hojii wajjin mari'achuu dandeessa; ykn Komi-dhageesituu (Ombudsperson) Manneen Barnoota Ummata Siyaatil (Seattle Public School's Ombudsperson) [Ombudsman@seattleschools.org](mailto:Ombudsman@seattleschools.org) Qunnamuu dandeessa.

Himannaan midhaa-saalaam galfachuuf:

Barattootaaf, warra/guddistuu, fi misensoota hawaasaaf, Waajjiraan Mirga Uumaa Barattootaaf (Office of Student Civil Rights (OSCR) gaaffilee fi himannaan dhimma midhaa-saalaam barattoota, warra/gudistuu, fi misensoota hawaasaaf ilaallatan hunda akka qindeessu taasifameera. Misensa OSCR qunnamuu yoo barbaadde, bilbila lakkofsa 206-252-0306 bibili; emeeli gara

[\*\*OSCR@seattleschools.org\*\*](mailto:OSCR@seattleschools.org) ergi; **ykn xalayaa gara** Seattle Public Schools, MS 32-149, P.O. Box 34165, Seattle, WA 98124-1166 ergi.

Hojjetootaaf, Mummeen Dhimma Humna Namaa (Human Resources (HR) Department) gaaffilee fi himannaa dhimma midhaa-saalaa hojjetootaa laallatan hunda akka qindeessu taasifameera. Misensa HR qunnamuuf, bilbila lakkoofsa 206-252-0024 bilbili; emeelii gara [\*\*HREEOC@seattleschools.org\*\*](mailto:HREEOC@seattleschools.org) ergi; **ykn xalayaa gara** Seattle Public Schools, MS 33-157, P.O. Box 34165, Seattle, WA 98124-1166 ergi.



## SHAALA HIMANNAA MIDHAA-SAALAA

### Gocha 1: Himannaan Anaa Barnootaa

Yeroo bay'ee, himannaan midhaa-saala guyyaa yakki itti uumamerra kaasee wagga tokko keessatti galfamu qaba. Himannaan barrefamaan ta'u qaba; maal akka uumaame fi maaliif midhaa-saalaa ta'usaa akka amantu ibsi. Himannaan xalayaan (postaa), emeeliin, ykn harkaan bulchaa mana barnootaati, hogganaa bakka hojiitti, Waajjiraa Mirga Uumaa Barattoota (OSCR), ykn Mum mee Humna Namaatti galfamu danda'a.

Anaan Manneen Barnootaa himannaake yammu siharkaa fuudhu, waraabbii poolisii fi haala midhaa-saalaa fi haala yakka-addan-hinqodinsa (nondiscrimination complaint) anaa siif kenna. Achii booda, Waajjiraan Mirga Uumaa Barattoota (OSCR), ykn Mummeen Humna Namaa anaan barnootaa himannaan furmaata akka argatu mirkaneesuuf tarkaanfii barbaachisaa ta'an hunda fudhachusaa mirkaneessa; kunis qorannoo hatattamaa fi gadi-fageenyaan gaggeessu dabalata.

Anaaan Manneen Barnootaa himanna erga fudhate booda guyyaa 30 keessatti barrefamaan deebii sikeennu qaba; yoo abbaan himanna guyyaa adda ta'en deebii argachuuf yoo waligaltee godhate ykn sababa qubsaa ta'en deebii kenuuf yeroon dheraa yoo barbaachisaa ta'e garu, guyyaan deebii kun jijjiramu mala. Himannaaf deebii ykn furmaata kennuuf guyyaa 30 caalaan kan barbaachisu yoo ta'e, sababa maaliif guyyaan dabalataa akka barbaachisu fi yoom deebii kennuun akka danda'amu barreffamaan ibsi sikennama.

Qorannoo barbaachisaa ta'e booda anaan manneen barnootaa himannaakeef deebii yamu kenu, deebiin kennamu anaan barnootichaa qabixilee armaan gadiitti cafqman ibsu qaba:

1. Qabxilleen himannichaa akka hintaane; ykn
2. Himannaan sirri ta'usaa mirkanese tarkaanfi furmaata tarreessuu.

Dabalataan, deebiin siif kennamu anaan barnootaa himannaankee sirrii akka hintaane yoo murteese, murteen irra deebi'ame akka siif ilaalamu iyyanno gallfachuuf mirga akka qabdu, iyyaanoon kuniis essatti fi eenyutti dhiyaachu akka qabu yaadanoo siif barreesu qaba.

### Gocha 2: Iyyanno Dura-bu'aa Anaatti Dhiyaatu (Appeal to the Superintendent)

Anaan barnootaa himannaankee akka sirrii hintaane murte murteese kan mormitu yoo taate, murteen irra deebi'ame akka siif ilaalamu iyyanno Dura-bu'aa anaatti galfachuuf dandeessa. Murteen anaa erga sigahee booda guyya 10 keessatti iyyannooke barreeffamaan waajjiraa Dura-bu'aatti dhiyeessu qabada.

Iyyanno guyyaa sirrii ta'etti dhiyaateef deebii kenuuf, Dura-bu'aan korree addaa dhabuun akka iyyanoon xinxalamu taasisa. Iyyannoonee guyyaan itti ilaalamu erga murtaawee fi baallamni siif keenname booda, iyyannoonee dhugaa ta'usaa mirkaneeffachuuf wabii ykn raga fi oddeffanoo barbaachisaa ta'an fidachuu dandessa.

Anaan iyyannookee sirraa fuudhe booda guyyaa 30 keessatti murtee barreffamaan siif erga. Murteen kuniis oddeffannoo haala akkamiin himanna Wajjiraa Durabu'aa Qajeelfama Hawaasaatti (Office of Superintendent of Public Instruction (OSPI) galfachuun akka danda'amu ibsuu dabalata.

### **Gocha 3: Himanna OSPI itti Dhiyaatu**

Murteen anaa irra deebi'aame akka siif ilaalamu iyyannoo galfatee booda murtee lammataas kan mormiitu yoo taate, iyyaanno biraa Wajjiraa Durabu'aa Qajeelfama Hawaasaatti (OSPI) galfachuu dandeessa. Iyyannoon OSPI tiif dhiyaatu murteen anaa iyyannoo isa duraaf erga kennamee booda guyyaa 20 keessatti dhiyaachuu qaba. Iyyannooke OSPI tiif emeeliin: [Equity@k12.wa.us](mailto:Equity@k12.wa.us); fax: (360) 664-2967; ykn xalayaan (poostaa): OSPI Equity and Civil Rights Office, PO Box 47200, Olympia, WA 98504-7200 erguu dandeessa.